Gumaacha Maallaqa Gargaarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County'

Qajeelfamoota Sagantichaa

Guyyaa gad-dhiifame: Adoolessa 27, 2020

Adoolessa 30 – Hagayya 12 tti Banaadha

'Hennepin County'n weerara COVID-19 irraa kan ka'e hojiiwwan xixiqqaa rakkoon maallaqaa isaan quunnameef deeggarsi maallaqaa $10,000,000 jiraachuu isaa labsa.

Hojiiwwan xixiqqaan 'Hennepin County' keessatti argaman, kanneen COVID-19 irraa kan ka'e rakkoon maallaqaa isaan mudatee fi ulaagaalee argannaa maallaqaa biroo armaan gadii guutan gumaacha Maallaqa Deeggarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa (SBRR) kan waliigalli isaa hanga $15,000 ta'eef iyyachuu malu. Fandiiwwan gargaarsaa baasiiwwan hojii geggeessuu addaatii fi baasiiwwan karaa miidhaa hinqabneen deebisanii banuu irratti baafamanii fi yeroo weeraraatti nageenya hojjetaa fi maamilaa mirkaneessuuf akkaataa hojii fooyyessuuf ooluu malu.

Dursi hojiiwwan daldalaa gargaarsa maallaqaa yeroo muddamaa COVID-19 walqabate maddawwan gandaa, kaawuntii fi mootummaa naannoo irraa maallaqa $5,000 ykn isaa gadi fudhataniif ni kennama.

Hojiiwwan ulaagaa guutan, kanneen gumaacha Maallaqa Gargaarsaa Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' irraa duraan fudhatan, haaluma armaan gaditti ibsameen, baasiiwwan hayyamamoodhaaf fandii dabalataa kan ida'amni isaa waliigalaa $15,000 ta'uuf iyyachuu danda'u.

Ulaagaa Guutiinsa Hojiiwwanii

Ulaagaa beekamaa guutuu isaaniitii fi lakkoofsa waliigalaa fandiiwwanii maddawwan gandaa, kaawuntii fi mootummaa naannoo irraa fudhataman adda baafachuuf iyyannoowwan ni gulaalamu.

Darbuudhaaf hojiin daldalaa tokko ulaagaalee kanniin guutuu qaba:

- Kan nama naannoo sanaa kan ta'e, bu'aaf kan dhaabbateefi bakkeen hojii isaa dhaabbataan 'Hennepin County' keessa ta'ee weerara COVID-19 tiin kan miidhame ta'uu
- Abbaa qabeenyaa sanaatiin alatti yoo xiqqaate hojjetaa 1 fi yoo baay'ate immoo hojjettoota 50 kan hin caalle qacaruu
- Yoo kan irraa eegamu ta'e, Barreessaa Mootummaa Miinesootaa biratti kan galmeeffamee fi haala gaariirra kan jiru
- Karaa tokko ykn lamaan armaan gadiitiin COVID-19 irraa kan ka'e rakkoon maallaqaa isa

quunnamuu isaa agarsiisuu danda'uu:
    - Hojichi guutummaa humna isaa keessaa 50% ol akka hin sochooneef ajaja hojii raawwachiistotaatiin Caamsaa 18, 2020 daangeffame ykn
    - Muddama COVID irraa kan ka'e hojichi yoo xiqqaate galii 10% dhabuun isa mudate
- Kan ilaallatu yoo ta'e, gibira qabeenyaa kaffalaa jiraachuu
- Amajjii 15, 2020 irratti ykn isa dura 'Hennepin County' keessatti hojjetee galii maddisiisaa jiraachuu

Hojiiwwan Ulaagaa Hinguutne

- Hojiiwwan mana jireenyaa keessatti adeemsifaman; kanneen bakkee hojii dhaabbataa hinqabne
- Dhaabbilee bu'aadhaaf hindhaabbanne
- Koorporeeshinoota walitti hidhatanii jiran, walitti-hidhata mootummaalee danuu
- Gurraandhala 29, 2020 dura haala dirqama isaa raawwachuu dadhabuu keessa kan ture
- Hojiiwwan galii isaanii irra guddinaan investimentiiwwan bittaa-gurgurtaan isaanii qabbanaawaa ta'e qofaarraa argatan, qumaara, ykn bashannansiisa ga'eessaa irraa galii kamiinuu argatan

Hojiiwwan Ulaagaa Guutan

Baasiiwwan Bitootessa 15 – Hagayya 30, 2020 gidduutti baafamuu qabu. Gumaachi Maallaqa Gargaarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' (SBRR) fandiiwwan 'CARES Act' federaalaati. Fandiiwwan gargaarsaa 'SBRR' baasiiwwan walfakkaatoo kan hojiin daldalichaa isaaf jecha madda fandii federaalaa biroo irraa fudhateef ooluun HINTA'U. Baasiiwwan 'SBA' Sagantaa Eegumsa Kaaffaltii Cheekii (PPP), 'SBA' Liqaa Miidhaa Balaa Dinagdee (EIDL) ykn 'EIDL' Adivaansii, Gargaarsa Maallaqaa Hojiiwwan Xixiqqaa Qajeelcha Qacarrii fi Misooma Dinagdee Mootummaa Naannoo Miinesootaa (DEED) biratti kaffalaman kam iyyuu, ykn gargaarsa maallaqaa ykn liqaa dhiifamu kan biraa, kan magaalaa fandii federaalaa fayyadame irraa argame fandii 'SBRR'tiif ulaagaa ni guutu.

Kan armaan gadii dabalatee baasiiwwan gargaarsa maallaqaa hojichaatiif ulaagaa guutan irratti hundaa'uudhaan hojiiwwan daldalaa gargaarsa maallaqaa hanga $15,000 (maallaqi gargaarsaa inni gad aanaan $2,500) ga'uuf iyyachuu malu:

- Baasiiwwaan hojii ittiin geggeessuudhaaf Bitootessa 15 baafamanii fi gargaarsa maallaqaa ykn fandii liqaa hindeebine biraatiin deebifamee hinkaffalamne. Baasiiwwan hayyamamoon isaan kana fa'i:
    - Liqaa daldalaa ykn kaffaltii mana liqaan bitamee
    - Kaffaltiiwwan inshuraansii

- Kaffaltiiwwan tajaajilootaa
- Baasiiwwan meeshaalee kuufamanii
- Kaffaltii tajaajiloota kallattiin hojiidhaan walqabatan biroo

- Baasiiwwan dhiyeessiiwwan bituurratti, deeggarsa teeknikaa argachuuf, meeshaalee akaakuu garaagaraa fi haaluma qajeelfama fayyaa uummataa Qajeelcha Fayyaa Miinesootaa fi Giddugala To'annaa fi Ittisa Dhibee irraatiin fedhiiwwan biroo karaa miidhaa hinqabneen hojii deebisanii banuurratti baafaman. Fakkeenyonni baasiiwwan hayyamamoo isaan kana fa'i:
  - Baasiiwwan ijaarsaa, meeshaalee fooyya'iinsa ykn jijjiirraa manaatiif oolan irratti kan baafaman, kanneen akka qoqqoodduuwwan bakkaa ijaaruu, bakkeewwan irra-deebi'anii qindeessuu, ijaarsa mana keessaa alatti fayyadamuu nama dandeessisu dabalatee. Kontiraaktara ijaarsaa hojjettoota qabuuf kaffaltiin bakka buufamu $2,000 hincaalu.
  - Meeshaalee fi bittaawwan COVID-19 irraa kan ka'e barbaachisan, kanneen akka pileeksiigilaas ykn qoqqoodduuwwan biroo, barjaa, bakkee itti qulqullaa'an, ykn fageenya hawaasummaa fi seerota COVID waliin walqabatan eeguuf bakkee taa'umsaa alatti tolfaman.
  - Fooyya'iinsota 'HVAC', sirnoota qilleensaa qulqulleessuu, ykn tarkaanfiiwwan walfakkaatoo faffaca'iinsa vaayirasichaa ittisuuf gargaaran.
  - Dhiyeessiiwwan qulqullinaa, nageenyaa, ykn calallii, Meeshaa Ofirraa Ittiin Ittisan (PPE) dabalatee. Dhiyeessiiwwaniif kaffaltiin bakka buufamu dhiyeessii baatii sadii qofa.
  - Fooyya'iinsawwan teeknooloojii waltajjii toora intarneetii, bakkee gurgurtaa, kkf irratti godhaman, sababa COVID-19 jecha fooyya'iinsawwan karaa beellamaa maamiltoota keessummeessuu ykn karaa bilbilaa meeshaa karaarratti namaaf dhiyeessuu dabalatee.
  - Tajaajiloota ogummaa/teeknikaa Karoora Qophaa'ummaatii fi aadaa hojii daldalaa murteessaa qopheessuu fi hojiirra oolchuu
  - Baasiiwwan biroo, kanneen bulchaa sagantichaa irraa mirkaneeffata dursanii argachuudhaan deebisanii banuu hojii daldalaa deeggaran.

Gaaffiiwwan dabalataatiif, keessa deebii Gaaffiiwwan Irradeddeebiin Gaafataman ilaalaa maaloo.

Adeemsa Iyyannootii fi Ulaagaalee

Iyyannoowwan kan fudhataman karaa toora intarneetii qofa. Fandiiwwan kan raabsaman iyyattootaaf carraa buusuudhaani.

Abbootiin hojii karaa dhaabbilee armaan gaadii deeggarsa argachuu danda'u:

African Career, Education & Resource Inc. (ACER)

- Contact: Denise Butler
- Email: dbutler@acerinc.org
- Phone: 763-657-7711
- Website: https://acerinc.org/

African Development Center

- Email: info@adcminnesota.org
- Phone: 612-333-4772
- Toll-free: 1-877-232-4775
- Website: https://www.adcminnesota.org/
- **Languages: English, Amharic, Somali, Swahili**

Black Women's Wealth Alliance

- Email: service@bwwa-us.com
- Phone: 612-876-1317
- Website: www.bwwa-us.com (can request an appt via website)

Lao Assistance Center of MN

- Provider for SE Asian communities
- Email: sunny@laocenter.org;
- Phone: 612-987-2642

Latino Economic Development Center (EDC)

- Email: BIZSUPPORT@LEDCMN.ORG
- Phone: 651-621-2758
- **Languages: English, Spanish**

Liberian Business Association

- Email: jackson@libausa.org
- Phone: 612-607-4233
- Website: https://www.libausa.org/

New American Development Center

- Contact: Asad Aliweyd
- Email: aaliweyd@nadcmn.org
- Phone: 612-232-1372
- **Languages: Amharic, English, Oromo, Somali**

Northside Economic Opportunity Network

- Email: info@neon-mn.org
- Phone: 612-302-1505
- Website: https://www.neon-mn.org/

Iyyannoowwan gamaaggama itti aanuu fi fandiidhaaf filatamanii dabarfaman ragaa ulaagaa guutiinsaa bulchaa sagantaa biratti fudhatama qabu akka galchaniif gaafatamu. Ragaaleen gaafataman kanneen armaan gadii ta'uu malu:

- Ragaa kaffaltii gibiraa yeroo baay'ee dhiyoo ykn ragaa kanaan wal gitu

- Itti-fayyadama fandiiwwan gargaarsaatiif baajeta adda ba'ee qopheeffamee fi maddawwan adda baafamanii qopheeffaman, akkasumas itti fayyadama fandiiwwan gargaarsaa COVID-19n walqabachuun fudhataman kam iyyuu
- Unkaa 941 'IRS', W3 ykn ragaalee hojjettoota dhaabbataadhaan kaffalamuuf biroo

Hangi maallaqa gargaarsaa hayyamamaan tokkoon tokkoon hojiiwwanii inni ol aanaan baasiiwwan hayyamamoo isaanii adda baafamaniin kan daangeffamanidha. Hojiiwwan daldalaa fandii kam iyyuu utuu hin fudhatin dura waliigaltee gargaarsa maallaqaa mallatteessuutu irraa eegama.

Iyyattoonni baajata xumuraa fi ragaalee akkaataa fandiiwwan hojiirra itti oolan, ajaja kaffaltiiwwanii, ibsa maallaqaa ykn ragaalee walfakkaatan dabalatee odeeffannoo itti fufanii gaafataman 'Hennepin County'tti galchuutu irraa eegama.

Itti-fayyadama Ragaa

Hojiin daldalaa keessan 'Hennepin County' irraa deeggarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutuu fi dhiisuu isaa murteessuuf ragaa gaafatamaa jirtu. Unkaa kana galchuu irraa kan ka'e ragaan 'Hennepin County'dhaan fudhatame kam iyyuu Seera Shaakala Ragaa (Data Practices Act) Mootummaa Miinesootaa, Seerota Miinesootaa Boqonnaa 13 ("Seericha") hordofee akka ragaa mootummaa ta'eetti adda baafama. Seera kana jalatti, ragaan kun gariin ykn hundi isaa, maqaa hojii daldalaa, teessoo, ii-meeyilii, lakkoofsa bilbilaa keessanii fi odeeffannoo dabalataa biraa isiniin dhiyaatu dabalatee akka ragaa uummataatti adda baafama. Ragaan uummataa nama gaafatu kamiif iyyuu ni kennama, akkasumas ragaalee karaa unkaa Marsariitii kanaa dhiyaatan ni dabalata. Odeeffannoo gaafatamtan dhiyeessuun dirqama miti, garuu kana gochuu dhiisuun 'Hennepin County'n hojiin daldalaa keessan deeggarsa maallaqaatiif ulaagaa guutuu fi dhiisuu isaa murteessuu akka inni dadhabu gochuu danda'a. Ragaan isin adeemsa iyyannoo kana keessatti dhiyeessitan, kan akka ragaa dhuunfaa ykn kan uummataa hinta'iniitti adda baafame kam iyyuu hanga seera mootummaa naannoo ykn federaalaatiin hinbarbaadamnetti hayyama keessan malee 'Hennepin County' ykn 'NextStage'dhaan qaama biraatiif hin qoodamu. Kaayyoo iyyaticha gumaacha maallaqaatiif ykn liqaa dhiifamuuf dhiyeessuutiif jecha ragaa iyyannoo mana qopheessaatiif ykn dhaabbilee mootummaa naannootiif qoodamaniin alatti, ragaan isin adeemsa iyyannoo kana keessatti dhiyeessitan, kan akka ragaa dhuunfaa ykn kan uummataa hinta'iniitti adda baafame kam iyyuu, hanga seera mootummaa naannoo ykn federaalaatiin hinbarbaadamnetti hayyama keessan malee 'Hennepin County' ykn 'NextStage'dhaan qaama biraatiif hin qoodamu.